Australian Government
Department of Social Services

Humnaan dirqamuu fi ijoollummaan heerumuu/wal-fuudhuu

Akka wal-fuudhiin raawwatu humnaan eenyuun illee dirquun Australia keessatti yakka hamaa dha.

Australia keessatti namootni heeruma filachuuf bilisa. Namni seeraan wal-fuudhii hundeessachuuf umriin waggaa **18** ol tahuu qaba. Haala takka takka keessatti waggaa **16** olitti wal fuudhi raawwatuu danda'a kun garuu ajaja mana murtii barbaachisa.

Humnaan yookaan gowwoomsaa takkaan malee wal-fuudhuuf namnuu walii galuu qaba.

Wal-fuudhi qindeessame, kan namootni wal fuudhan lameenuu fedhii isaaniitiin waliigalan, wal-fuudhii humnaan raawwatamu irraa adda. Wal-fuudhii fedhiidhaan qindeessamu Australia keessatti seerawaa dha.

Yoo ofii kees tahe namni ati beektu balaa akkasii keessa jiraate Police **000** bilbili.
Police Australia ni amanamu; waan ati itti himtus dhoksaatti qabama.

Gorsaa fi odeeffannoo hiccitii, kan tolaa argachuuf, 1800 RESPECT on **1800 737 732** bilbili.

Afaan deebisa yookaan afaan hiika yoo barbaadde **131 450** bilbili.

Wal-fuudha humnaaniif nama biyya kan biraatti geessuun yookaan akka namni kan biraa qindeessu taasisuun seeraan dhorkaa dha.

Humnaa fi ijoollummaan heerumni yeroo takka takka namoota biyya kan biraa yookaan daangee dabarsuudhaan fedhii isaaniin alatti, fi seeraan ala raawwatuu waliin wal hidhata.

Ati, yookaan namni ati beektu kan balaa akkasii keessa jiru jiraa?

Australian Federal Police (AFP) **131 237** irratti bilbili. AFP humnaan dirqamuu fi ijoollummaan heerumuu/wal-fuudhuu yookaan nama gara dabarsuu (human trafficking) ilalchisee gorsa jalqabaa fi bakka irraa tajaajila dabalaa kanneen akka bakka qubannaa, gargaarsa maallaqaa, gorsaa qalbii fi seeraa kennanitti qajeelcha.

Odeeffannoo dabalaaf mar-sariitee AFP **www.afp.gov.au** irratti ilaali.

Tajaajilli gargaarsa kennan kan biros Australia keessa ni jiran.

1800 RESPECT jedhu kun Australia keessatti Tajaajila Biyyoleessa kan Miidhaa Salaa, Okkora/gajahumsa maatii fi man-keessaa gorsuuf dhaabbate.Innis bilbilaa fi sararaa gubbaatiin odeeffannoo fi grosa tolaa fi dhoksaa kenna.Gorsitootnis, si dhaggeeffatanii, gaaffii kees siif deebisuutti dabalee tajaajila kan biraa naannoo kee jirutti si dabarsu.

1800 737 732 bilbili yookaan mar-sariitee (website) 1800 RESPECT **www.1800RESPECT.org.au** laali**.**

Afaan deebisa/hiikaa ni barbaaddaa?

Tajaajila Jijjiirraa (translating) fi afaan Deebisa/Hiikkaa (TIS) **131 450** irratti tola bilbili. TIS tajaajiloota kan biro waliin akka wal agartu si gargaara. TIS gorsa siif hin kennu.

Wal-fuudhii humnaan dirqamuu fi nama gara dabarsuu (human trafficking) irratti odeeffannoo dabalaaf:

Sararaa mar-sariitee Daree Attorney=General (Attorney-General's Department) **www.ag.gov.au** jedhu hordofi.